# Waa’ee Hepatitis B maalfaa beekuutu na barbaachisa: Qorannoo Fayyaa fi Talaallii?

## Qabxiiwwan gurguddoo

- Hepatitis B’n dhibee tiruu kan vaayirasiidhaan uumamuu ta’uu isaa.
- Mallattooleen Hepatitis B, kan inni of keessatti haammatu miira dadhabbii, garaa kaasaa/teessisaa, balaqqamsiisuu, fi kan biroo.
- Wal quunnamtii saalaa fayyaalessa ta’ee raawwachuu fi meeshaalee kan dhuunfaa nama kan biraaf qooduu dhiisuudhaan Hepatitis B of irraa dhowwuu.
- Hepatitis B yoo qabaattan, dokteera keessan ji’oota 6-12 keessatti daawwachuu.

1. **Hepatitis B’n maalii dha?**

   Hepatitis B’n sababa vaayirasii, jarmii hepatitis B-tiin kan dhufu dhibee tiruu ti. Qaama namaa keessa yeroo dheeraadhaaf jiraachuu kan danda’uu fi rakkoo fayyummaa hamaa ta’e, akkasumas kaanserii uumuudhaan gara du’aatti geessuu kan danda’uu dha.

2. **Hepatitis B kanaan akkamiin qabamuu dandeessu?**

   Vaayirasii Hepatitis B kanaan qabamuu kan isin dandeessan yammuu dhiigni ykn dhangala’aan qaamaa kan dhukkubsataa tokkoo gara qaama keessaniitti seenu, yoo ta’u karaa wal quunnamtii saalaa kan eeggannaa hin qabnee fi limmoo ykn marfee waliif qooduus ni dabalata.

   Haati yoo jarmii kana qabaatte, yeroo dhalatanitti daa’imoonnis dhibee kanaan qabamuu danda’u.

3. **Mallattooleen Hepatitis B maalfaa dha?**

   Namoonni dhibee Hepatitis B qaban hedduun, miirrii dhukkubbii itti dhagahamuu dhiisuu danda’a yks waggoota dheeraadhaaf mallattoo argisiisuu dhiisuu danda’u. haata’u iyyuu malee mallaattoolee inni of keessatti qabachuu danda’u:

   - Miira dadhabbii
   - Garaa kaasaa
   - Hoqqisiisuu, ‘jaundice’ (Qaama ykn Ija keelloo)
   - Miira dhukkubbii kan maashaalee, buusaa qaamaa fi kan garaa keessaa.

   Mallattoolee yoo kan hin qabne taatan iyyuu, dhibee daddarbaa kan hepatitis B kun ammallee rakkoo fayyaa hamaa ta’ee itti fufiinsaan ni geggeessa. Namni tokko dhibee kana qabaachuu isaa beekuuf qorannoo dhiigaa taasisuu barbaachisa.

### Baqattoota U.S tiif IOM tti - Qorannoo fi talaallii Hepatitis B

- IOM akka baqataatti gara U.S osoo isin hin dhufin dura dhiiga keessan qorateera ta’uu danda’a.
- Isiniif kunuunsa taasisuuf jecha doktooriin keessan kan U.S keessa jiraatu, odeeffannoo fayyaa keessanii murteessaa ta’e kana ni fayyadama.
- Yoo hepatitis B kan hin qabne ta’es, IOM akka hin qabamneef kan gargaaru hanga talaallii 3 isiniif kennuu danda’a.
- Doktooriin keessan U.S. keessa jiraatu dhukkuba kana dhorkuuf kan isin barbaachisu talaalliiwwan mara fudhachuu keessan ni mirkaneessa.

### Hepatitis B kan QABDAN yoo ta’e, dokteeriin keessan:

- Fayyummaa keessan eeguuf, waa’ee hepatisis B kan isin barsiisuu, fi yaalii fayyaa dabalataa kan isiniif ajaju ta’a.

- Miseensi maatii keessanii hundinuu fi/ykn shariiki kan quunnamtii saalaa keessanis dhibee hepatisisi kanaaf akka qoratamu gochuu, fi yoo negatiivii ta'aniif, talaallii kan hepatisis B akka fudhataniif yaada kan kennuu ta'a.
- Daa'imni dubartoota ulfaa kanneen hepatisisi B qabanii, guyyaa inni ykn ishiin dhalattu irra talaallii hepatitis B kana akka fudhataniif gorsuu.
- Yoo fayyummaan kan isinitti dhagahamu ta'e illee, waa'ee hepatitis B keessanii ilaalchisee jireenya keessan isa hafe hundumaa keessatti ji'a 6 tti yeroo tokko dokteera akka daawwattaniif isiniif gaafachuu ykn toora qabsiisuu.

## Hepatitis B yoon qabaadhe kan biraa maal gochuun qaba?

**Jarmii kan Hepatitisi B kana irraa of eeguudhaaf yeroo baay'ee ji'oota 6-12 tti dokteera keessan quunnamuu.**

- Meeshaalee kan akka burushii ilkaanii, qarabaa, qortuu qeensaa, marfee ykn limmoo/ limmoo talaallii waliif qooduu dhiisuu.
- Yeroo hundumaa Kondomii fayyadamuu.
- Dhugaatii alkohoolii dhuguu dhiisuu.
- Qaamni keessan yoo madaa'e/murame, namni kunuunsa isiniif taasisu kamiyyuu guwaantii kan harkaa godhachuu qaba.

**HepatitisB ilaalchisee qorannoo fayyaa taasisuu fi talaalamuun, isinii fi namoota isin jaallattaniif**

**Waa'ee Hepatisis B ilaalchisee caalmaatti beekumsi keessan dabalaa adeema.**

CENTER OF EXCELLENCE
IN NEWCOMER HEALTH
MINNESOTA

This material has been approved by the Minnesota Center of Excellence in Newcomer Health. Thank you to the International Organization for Migration for donating this material for adaptation and translation.